

Maal eeguun akka ta'u: Waraqaa Ragaa Bakkee Talaalii COVID-19 Daawachuu

[muuziqaa bareedaa]

[Nagaa gaafataa bakkee konkolaataa dhaabani] Akkam bultan? Har'a beellama qabduu?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Eeyyee, beellama qabna.

[Nagaa gaafataa bakkee konkolaataa dhaabani] Eeyyee, beellama qabdu, baay'ee gaarii. Lachuun keessan umuriin keessan 18 olii?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Eeyyee, umuriin keenya 18 oli.

[Nagaa gaafataa bakkee konkolaataa dhaabani] Tole. Lachuu keessan keessaa namni rakkoo hir'ina qaamaa, rakkoo sochii ykn rakkoo deemsaa qabu jiraa?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkii

[Nagaa gaafataa bakkee konkolaataa dhaabani] Tole. Wanti ta'uuf jiru, kallattiidhaan gara fuulduraatti adeemtu. Namoonni uffata burtukaanawaa uffatan konkolaataa keessan eessa akka dhaabdan isinitti himu. Erga konkolaataa dhaabdani booda, dukaana isa guddaa keessa seentu. Guyyaa gaarii isiniif haa ta'u.

[muuziqaa bohaarsaa]

[Nagaa gaafataa Alaa] Irra-keessa aguuggii fuulaa keessanii yeroo ammaa kaa'aa. Baarkoodii keessan qopheeffadhaa. Dukaanicha keessaa gara harka mirgaatti.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Bakkeewwan talaalii isteeti hundi deeggarsa afaanii qabu.

[Hojjetaa Keessaa] Akkam jirtu aayyo? Baarkoodii beellama keessanii natti agarsiistuu? Tole, karaa kanarra gadi buutu yoo ta'eef. Isaan dhimma keessan gama sana keessatti isin harkaa fuudhani gara minjaala keessaniitti isin geessu.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Hojjetaa Tooraa] Akkam jirtu jarana, qophooftanii jarana, isinitti tolee? Tole, wanti kun waan baay'ee saphaadha. Kana booda baarkoodii keessan isin hin barbaachisu, garuma fuulduraatti adeemneetu lakkoofsa keessaniin ol harkisuuf jenna. Kanaaf yeroo isin qophooftan gara toora tokkoffaatti gadi isin ergina.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Hojjetaa Seensa To'atu] Akkam jirtu, nagaa bultanii? Bilbila isin ittiin galmooftan argachuu nan danda'aa? Maqaa keessanii fi guyyaa dhaloota keessanii isinirraa mirkaneeffachuu nan danda'aa? Kun hamma fudhannaa (doozii) keessan isa jalqabaatii?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Eeyyee

[Hojjetaa Seensa To'atu] Har'a mallattooleen COVID-19 isinirra jiruu?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkii

[Hojjetaa Seensa To'atu] Guyyoota 14n darban keessatti nama COVID-19n qabame kamittuu saaxilamtanii jirtuu?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkii

[Hojjetaa Seensa To'atu] Yoo tokko fudhachuu barbaaddaniif odeeffannoon talaalii irrattii muraasi kunooti, eessa akka deemtanis isheen isin beeksifti.

[Hojjetaa keessaa] Akkam jirtu aadde, nagaan bultanii? Na duukaa bu'aa.

[muuziqaa bohaarsaa]

[Hojjetaa Talaallii] Maqaa keessan guutuudhaa fi guyyaa dhaloota keessanii isinumti naa mirkaneessituu? Gaaffiiwwan muraasan daddafee isin gaafachuu barbaada. Maqaan kiyya Shaan Iskiinari. Talaallii keessan har'a isinii kennuufan adeema. Guyyoota 14n darban keessatti talaalamtanii jirtuu?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkii

[Hojjetaa Talaallii] Mallattoolee qufaa ykn kan dhibee akka golfaa kamiinuu qabduu?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Lakkii

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Waa'ee alerjiiwwan kamii iyyuu ykn talaaliidhaaf alerjii kanaan dura isin qabee ture illee ni gaafatamtu.

[Hojjetaa Talaallii] Egaa haa ta'utii gaaffii kamiinuu qabduu immoo?

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Isin dhukkubsinnaa?

[Hojjetaa Talaallii] Wanti tokko iyyuu kan isin dhukkubuu malu hinjiru, yoo isin dhukkube immoo hamma qimmiiddaa iyyuu hin ga'u. Gateettii keessan isa bitaa uffata irraa fuutanii natti qabuu dandeessu.

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Osoo isinitti hin dhagaa'amin dur raawwattan!

[Hojjetaa Talaallii] Maal ree kun immoo kaardii talaallii keessaniiti. Wanti isin gootan, odeeffannoo keessan as irratti guuttu, doozii keessan isa lammataa fudhachuuf yeroo dhuftan ammoo fiddanii dhufuu akka hin dagatne. Kun bakka isin doozii keessan isa lammataa ragaa isaa itti ol keessanidha. Amma isa ammaa deemuuf jettu -- gara sanatti qajeelaa, golgaa gur'aacha duuba bakka itti ilaalamtan. Maal ree bakka sana daqiiqaa 15 turuuf jettu, sana booda deemuuf haala gaariirra jirtu.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Hojjetaa Qalbeeffannaa] Jarana, nagaan bultanii? Barcumma gara kanarra jiru keessaa tokko qabadhaa maaloo. Daqiiqaa 15 lakkaawwadhaa. Gaaffii, yaaddoo yoo qabaattan harka keessan ol kaasaa. Erga daqiiqaawwan 15n sana xumurtanii, karaan isin baatan harka bitaa keessanitti argama.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Daqiiqaa 15 booda.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Bakkee Suuraa ofiin of-kaasuu keessatti suuraa keessan kaasaa. Akkana jedhaatii miidiyaa hawaasaa irratti maxxansaa #RollUpYourSleevesMN.

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Barreeffama Iskiriinii Irraa] Beellama talaallii COVID-19 har'a qabadhaa! [Vaccineconnector.mn.gov](https://vaccineconnector.mn.gov) or call 833-431-2053 (Mon-Fri 9 a.m. – 7 p.m., Sat 10 a.m. – 6 p.m.)

[Muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

5/12/21 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989